KALLACHA WALABUMMAA OROMIYAA

GUYAAA 4 , 2015

OROMIA INDEPENDENCE FRONT

DATE August 4, 2016

Ibsa ijjannoo miseensota kora KWO kutaa USA fi Canada

Kallachi walabummaa Oromiyaa kora kutaa USA fi Canadaa Hagayya 2016 magaalaa lakkuu (Minneapolis fi St. Paul) keessatti godhate, injifannoon xuumuratee jira. Miseensonni kora kana irratti argaman, milkii fi gufuulee adeemsa waggaa tokkoffaa keesatti KWO qunnaman erga xiinxalaniin booda ibsa ejjannoo armaan gadii dabarfatanii jiran.

1. Sirni gita bittuu saba tigree dhaloota lafaa dhufaa Oromoo, daa'imaa fi manguddoo, qeerroo fi dubartii ulfaa gara nyaattoo tokko malee qe'ee isaanii irratti rasaasa itti roobsuun yakka sanyii duguugiinsaa ifatti raawwataa jira. Kallachi Walabummaa Oromiyaa, gocha murna koloneeffattuu kana hadheeffatee balaaleffata. Miseensonni KWOtillee humnaa fi dandeetti qabnu maraan, ummata keenna cinaa dhaabannee, warraqsa walabummaaf godhamu finiisuuf, murannee kaanee jirra.

2. Hirmaannaa barattoonni, qotee bultoonni, daldaltoonni, shamarran, dargaggoonni, haawwanii fi daa'imman Oromo; guutummatti ummanni Oromoo biyya keessaa qabsoo walabumma Oromiyaatii fi bilisummaa ilman Oromo gara fuula duraatti shaffisissuuf godhaa jiru dinqisiifachaa, nutillee gama keennaan dirqama nurraa eegamu bayuuf qophii ta'uu keenna jabbesinne mirkannessina

3. Kaayoon masakaa Kallacha Walabummaa Oromiyaa, impaayera Tophiyaa sirna kolonii irratti ijaarame hundeen buqqisee, Oromiya walabaa, ta ummanni Oromo bilisaan keessa jiraatu deebisee utubuudha. Qabsoo fuula maraan ilmaan Oromoo kaayoo tana milkeessuuf godhan bakkaan gayuuf miseensonni hundi ciminnaa fi dammaqinnaan hojjachuuf waada keenna haarawoomsinee jirra.

4. Ummanni Oromoo Seenaa keessati marsaa heddu diinaan durfamee carraa ofiin of-bulchuu fi hiree abbaa biyyummaa isaa itti gonfachuu danda'u dhabee jira. Barri 1991/92 yaadannoo yeroo gabaabaati. Hennaa ammaallee carraan walfakkaataan dhufee balbala qabsoo walabummaa Oromiyaatii fi bilisummaa Oromoo dura dhaabataa jira. Carraa kanatti fayyadamuuf yoomuu caalaa cimsinee hojjachuuf waadaa seenna.

5. Mirgi hiree ufii, ufiin murteefachuu ummata Oromoo iggiitii tokko malee akka raawwatammuuf qabsoo hadhooftuu godhuun barbachiisa akka ta'e hubbanne waldhaansoo keenna daran cimsinee itti sufna.

6. Qabsoon hadhooftuun ummanni keennaa woggoota dheeraaf godhee, woreegama lubbuu goota kumaatamaan laakkayamu itti gabbaree fi adhallee gabbaraa jiru, walabummaa Oromiyaatiin guduunfama. Waan walabummaa gadii takkallee hin-fudhannu.

7. Sirni koloneeffattaa, aadaanii fi amalli isaanii, kan nagayatti amanu uduu hintaane, sirna qawweetti irkatee ijaaramee fi funyaan qawweettiin biyya abbaa keennaa nudhaalee abbaa itti ta'ee, nu gabroomfate. Sirni qawween dhufe, qawween kufa. Kanaafuu, ummanni Oromollee kana beekee, karaa danda'e hundaan hidhannoo ufii qixxeeffattee, falma KWOn dirree woraanaa irratti godhu cinaa akka dhaabatu waamicha lamummaa dabarfanna.

8. Tokkummaan qabsoo ilmaan Oromoo dhabaa keenna Kallacha Walabummaa Oromiyaa biratti, wirtuu geejjiba waldhaansoo dandii qajeeltu irra hiriirsuun injifannottiin nudhaqaati. Kanaafuu, walii galteen tokkummaa dhaabota siyaasaa Oromo walaba ta'an jiddutti godhamaa jiru, dhawaa fi mala waarroo walabummaa ta'uu hubannee bakkaan gayuuf onnee guutuun hojjanna.

9. Waliigaltee dhaabota gita bittuu, sirna dullachaa waliin godhamu hunda jabeessinnee afoo dhaabanna. Tokkummaa saboota humnaan ukkaamfamanii qabeenna impaayera Tophiyaa godhamanii dararaan sirna cunqursituu habashaa akkuma ummata Oromoo irratti raawwatamaa ture waliin uumachuuf halkanii fi guyyaa hojjanna.

10. Walabummaan fedhii fi hawwii qofaan hindhuftu. Wareegama heeddu gafaati. Nuti missensooni Kallacha Walabummaa Oromiyaa, waregama bifa hundaatuu kafaaluuf qophii. Ummanni Oromoollee kana beekee dhaaba isaa Kallacha Walaabumma Oromiyaa waliin akka dhabatu gafaana.

Oromiyaan ni walabomtti!

Kallacha Walabumma Oromiyaa
Hagayya bara 2016
Minnesota